

# Akkaataa Ulfa itti of irraa dhorkan

Akkaataa Ulfa itti of irraa dhorkan kan yeroo giddu-galeessaa fi yeroo gabaabaaf gargaaru

Akkaataa (Method)	Lilmoo ulfa dhorku (Contraceptive injection) Depo-ProveraTM or Depo – Ralovera, (akkasuma “depo” jedhamu)	Qubeelaa qaama hormaataa keessa galu (Vaginal ring)	qoricha wal-makaa liqimsamu (Combined oral contraceptive pill)	Qoricha xixqqoo (Mini pill)
Bu'a qabeessummaa (Effectiveness)*	<ul style="list-style-type: none"> <li>94% (dhibbatti harka 94)</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Akka gaarii kan fayyadu (Perfect use): 99%</li> <li>Kan fayyadu (Typical use): 93%</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Akka gaarii kan fayyadu (Perfect use): 99%</li> <li>Kan fayyadu (Typical use): 93%</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Akka gaarii kan fayyadu (Perfect use): 99%</li> <li>Kan fayyadu (Typical use): 93%</li> </ul>
Maal wanti?	<ul style="list-style-type: none"> <li>Lilmee doktora fayyaan yokan nersiidhaan kennamu.</li> <li>Dhangalawa qaamaa projestironi (progesterone) fakkaatu of keessaa qabu</li> <li>Daraaraa ulfa tahuuf male (ovulation) dhorkee afaan gadameessaa irratti dhangalawaan akka furdatu (ititu) taasisee akka sanyiin dhiira keessaa bahu hin</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Qubeelaa ‘hundaatti tahu’ qaama hormaataa dhalaa keessa kaayyamuu dha</li> <li>Dhnagalawaan qaama keessaa (hormone) kan qaama hormaataa irraa gara hidda dhiigaa deemee kan akka ulfa hin taane dhorku qaama keessa suuta gadi lakkisa.</li> <li>Torban afuriin jijiirama (daraaraan baatii mul'atee turban tokko</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Dhnagalawaan qaamaaf tahu (synthetic hormone) doktora fayyaatiin ajajama.</li> <li>Akka ulfi hin uumamne ittisa; dhangalawaa afaan gadameessaa irra jiru furdisee (itichee) akka sanyiin qaama dhiiraa keessaa bahu akka uree hin dabarre dhorka.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Bifa dhagalawaa kan doktora fayyaan ajajamu qabaata.</li> <li>Dhangalawaa afaan gadameessaa irra jiru furdisee (itichee) akka sanyiin qaama dhiiraa keessaa bahu akka uree hin dabarre dhorka.</li> </ul>

	dabarre dhorka.	bodoa).		
<b>Hangamiif dalaga yokan tura?</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li><b>Yeroo giddu-galeessaaf kan dalagu (Medium acting) – yeroo hunda qunnamtii saalaa raawwattu dhimma itti bahuu yaadachuu si hin barbaachisu</b></li> <li>Torbanoota 12–14 tura.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li><b>Yeroo giddu-galeessaaf kan dalagu (Medium acting) – yeroo hunda qunnamtii saalaa raawwattu dhimma itti bahuu yaadachuu si hin barbaachisu</b></li> <li><b>Torban-sadii keessa qubeelichi keessaa baasamee turban tokko turee qubeela haaraan keessa kaayyama.</b></li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li><b>Yeroo gabaabaaf kan hojjatu – Guyyaa hunda fudhachuu yaadachuu qabda.</b></li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li><b>Yeroo gabaabaaf kan hojjatu – Guyyaa hunda fudhachuu yaadachuu qabda.</b></li> </ul>
<b>Fayidaawan (Benefits)</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Dhimma itti baha jiraachuu kee namni dubbatu hin jiu.</li> <li>Yeroo harma hodhsisanis itti gargaaramuu danda'ama.</li> <li>Qoricha kan biro fudhatamu waliin wal hin miidhu.</li> <li>Daraaraan baatii (ji'aa) kee xiqaachuu yokan tarii dhaabbachuu mala.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Ofii keetiin itti galchita, akkuma marama daraaraa baatii xuuxuu (tampon) galchuun isaa saphlaa dha.</li> <li>Daraaraa baatii ni saphlisa, dhukkubbiin isaas saphlaa dha.</li> <li>Ulfa kee egeree irrattis miidhaa hin qabaatu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Daraaraa baatii irra utaaluuf (skip) dhimmi itti bahama.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Kanneen dhibee fayyaatiif jecha wal'aansa qaamaa (oestrogen) hin fudhannef ni mijjata.</li> <li>Yeroo harma hodhsisanittis ni fudhatama.</li> </ul>
<b>Kan biroo hubannoo keessa galfaman</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Yeroo isaa eegdee, torbanoota 12 hanga 14 gidduutti kan biraa fudhachuu qabda; yoo hin taane sirriitti dalaguun isaa hir'isuu danda'a.</li> <li>Dhimma itti bahuu erga dhaabdeen booda daraaraan baatii (ji'aa) bakka isaatti deebi'uuf baatilee hanga tokko fudhachuu mala.</li> <li>Jabina lafee qaamaa tarii hir'isuu mala.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Rakkina onnee ni qabda yoo tahe, kan akka umriin 35 ol tahanii tamboo ni aarsua yoo tahe hin hayyamamuuf.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Balaa kanserii gara mudhii keessaa fi gadameessaa hir'isuu danda'a.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Akka qoricha wal makatee fudhatamuu (combined pill) amasiisaa tahuu dhiisuu mala; sababni isaa yeroo irratti eegamee fudhatamuu qaba.</li> <li>Miidhaa tokko dhaqqabsiisuu danda'a.</li> </ul>
<b>Eenyu dhimma itti baha?</b>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Harma hodhsisuun ni danda'ama, garuu yoo mucaan kee baatii jahaa gadi tahe aanan harmaa itti xiqqessuu mala.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Mucaan dhalatee guyyoota 21 booda dhimmi itti bahuu danda'ama.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Rakkina onnee ni qabda yoo tahe, kan akka umriin 35 ol tahanii tamboo ni aarsua yoo tahe hin hayyamamuuf.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Haal dhukkubaa tokko tokko waliin gaarii miti (kan akka kaanserii harmaa) yokan dhibee fayyaa tokko tokko waliin.</li> </ul>

\* Akka gaarii kan fayyadu (Perfect use) = Yeroo sirriittii akka jedhametti itti fayyadame.

\* Kan fayyadu (Typical use) = Yeroo sirriitti hin fayyadamne.

### **Odeeffannoo dabalaan**

Haguuggii qaama hormaataa (condoms) qofatu akka dhukkubni qunnamtii saalaa (STI) hin daddabarre dhorka.

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne. © Taligaa Viktoria (State of Victoria), Damee Tajaajila Fayyaa fi Namoomaa, (Department of Health and Human Services), Amajji 2019.

<<http://healthtranslations.vic.gov.au/>> irratti argama